

Karoora Ittigaafatamummaa Dhuunfaa (IRP)

Karoora Itti gaafatamummaa Dhuunfaa WorkFirst _____

LAKKOOFSA EENYUMMEESSAA JAS	LAKKOOFSA DHIMMAA
LAKKOOFSA EENYUMMEESSAA MAAMMILA	

Nan hubadha:

- Hojjechuun, hojii barbaaduun, yookaan hojiif qophaa'uun narraa eegama.
- Hojiilee narraa eegaman irratti hirmaachuun qaba. Yoon hin hojjenne, adabbii nan fudhadha yoon sababa gahaa ta'e mirkaneessee malee. Kana jechuun haala qoqqobbii WorkFirst keessa galuudha.
 - Yoon qoqqobame, kana jechuun:
 - Kennaa ani argadhu 40%'n hirdhata yookaan qooda nama tokkoo, kan caalu kamiyyuu, YOOKAAN:
 - Tajaajiloota deggersaa fudhachuu hin danda'u, yoon WorkFirst tti deebi'ee hirmaadhe malee.
 - Yoo deggersi maallaqa callaa koo sababa qoqqobbii WorkFirst'n hirdhate:
 - Akka qoqqobbiinkoo raawwatutti torbanoota walitti aanan afuriif IRP koo hordofuun mala.
 - Torbanoota walitti aanan afuriif wanta barbaadamu ergan raawwadhee booda, adabbiin qoqqobbiinkoo ji'a jalqabaa torbanoota arfan hirmaannaatti aanee jiru irraa jalqabuun ni xumurama.
 - Yoon qoqqobbii keessa ji'oota walitti aanan kudhaniif ture dhimmikoo cufamuu danda'a.
 - Yoo dhimmikoo sababii qoqqobbii WorkFirst'n cufame:
 - Ani irra deebi'ee iyyachuun qaba akkasumas utuu maallaqa calla hin fudhatin dura torbanoota walitti aanan afuriif hirmaachuun qaba.
- Yeroon faayidaalee TANS/SFA fudhadhutti Kutaa Deggersa Daa'imaa (Division of Child Support, DCS) wajjin waltumsuun qaba yoon akkan wal hin tumsinee sababa gahaa qabaadhe malee. Walitti qabamiinsi milkaa'aan deggersa daa'imaa deggersa maallaqa calla kiyya akkan hambisuuf na gargaaruu mala.
- Bara jireenyakoo guuttuutti faayidaalee maallaqa callaa TANF/SFA ji'oota 60 qofan argachuu danda'a yoon akka dheereffamuuf iyyadhe malee.
- Faayidaalee maallaqa callaa ji'oota _____ itti fayyadameera.
- Hojjechuun, hojii barbaaduun, yookaan hojiif qophaa'uun narraa eegama. Yoon hojiilee saganteeffaman irratti hin hirmaanne, nama lakkoofsa itti aanee jiruufan bilbila.
- Hojiilee itti aananii jiran hammaa yeroo tokkoo tokkoo torbanii gaditti kaa'amanii jiraniif hojjechuun qaba:

Yoo akkan sagantaa kiyya hordofuu hin dandeenyeef sababni gahaan jiraate, hamma danda'ametti daddaffiin Ogeessa/Hojjetaa Hawaasaa Sagantaa WorkFirst koo quunnamee wajjin hojjechuun qaba. Fakkeenyonni muraasi sababoota gahaa kan hammatu:

- Sababa dhukkubaan yookaan hanqina akka tasaa kunuunsa daa'ima kootii yookaan geejjibaan beellama irratti argamuu dhabe;
- An haala akka tasaa (qaamaa, sammuu, yookaan miiraa) qaba;
- Ani miidhaa jeequmsa maatiin qaba;
- Ijoollee waggaa 13 gadiif naannoo kootti kunuunsa ijoollee humnikoo danda'u, mija'aa ta'e argachuun dhabe;
- Rakkoo seeraa atattamaan qaba;
- Qaama miidhamummaan yookaan rakkoowwan wayiin qaba akkasumas kun akkan waan sagantichi narraa barbaadu hin raawwanne na dhorkee jira; yookaan
- Ani nama ga'eessa qaama miidhamummaa hammaataa fi kan yeroo dheeraa ta'e qabuudha;
- Ani daa'ima fedhiwwan addaa qabu/du yookaan nama ga'eessa qaama miidhamummaa qabu kan biraa kunuunsuufan manatti barbaadama;
- Ani waggaa 55 yookaan isaa ol akkasumas daa'iman kunuunsa maatii daa'imichaa/ttii miti; yookaan
- Qindeessaa DSHS wajjinan SSI'f iyyataa jira.
- Ani nama mana hin qabne yookaan daa'ima (oota) mana maleeyyiin kunuunsaa jira.

Yoon karoora kanaa wajjin walii hin galle, mirga dhimmichi akka ilaalamu gaafachuu qaba fi/yookaan Dhageettii Bulchiinsaa. Dhaddachi akka dhaggeeffatamu gaafachuuf, Waajjira Tajaajila Hawaasummaakoo yookaan Waajjira Dhaddacha Bulchiinsaa quunnamuun qaba, DSHS, PO Box 42489, Olympia WA 98504-2489, guyyaa mallattoo hoogganaa dhimma kootii gadi jiru irraa guyyoota 90 keessatti. Ani galagalcha Karoora Ittigaafatamummaa Dhuunfaa kootii fudhadheera. Dhageettii sana irratti, ofiikoo bakka bu'uuf, abukaattoon yookaan nama biraa ani filadhe

kamiyyuuniyyuu bakka buufamuu mirgan qaba. Gorsa seeraa bilisaa yookaan bakka bu'umsa Coordinated Legal Education Advice and Referral (CLEAR) quunnamuudhaan argachuu nan danda'a karaa:

- Marsariitii isaanii daawwadhu <http://nwjustice.org/get-legal-help>;
- Yoon umrii waggaa 60 gadi ta'e 1-888-201-1014 bilbiluun, yookaan
- Yoon umrii waggaa 60 yookaan isaa ol ta'e 1-888-387-7111 bilbiluun.

MALLATTOO BULCHAA DHIMMAA	GUY YAA	MALLATTOO KOO	GUY YAA
LAKKOOFSA EENYUMMEESSAA JAS	LAKKOOFSA DHIMMAA	LAKKOOFSA EENYUMMEESSAA MAAMMILA	

ULAAGAAWWAN ICCITAWAA

Hojii koo irratti guddachuuf, hojiikoo itti fufuuf, hojii fudhachuuf, hojii barbaaduuf, yookaan karoorakoo hordofuuf tajaajiloota deggersaa argachuun nan danda'a. Yoon waa'ee murtii tajaajiloota deggersaa wajjin walii hin galle, dhimmichi akka ilaalamu fi/yookaan dhageettiidhaaf gaafachuu nan danda'a. Ogeessa/Hojjetaa Hawaasaa Sagantaa WorkFirst koo nan gaafadha yoon tajaajiloota deggersaa barbaade kan akka:

- | | | | |
|---------------------|-----------------------|--|--------------------|
| • Supha konkolaataa | • Daappiriwwan | • Ragaa | • Maayileejjii |
| • Uffannaa | • Baasiwwan | • eeyyamaa/kanfaltii | • Meeshaalee hojii |
| • Gorsa | • barnootaa | • Rifeensa murachuu | • Karoora maatii |
| | • Qulqullina dhuunfaa | • Baasii (konkolaataa geejjiba namaa) seensistuu | |

Utuu qoqqobbii keessa jiruu, tajaajiloota deggersaa (kanneen akka maallaqa uffata hojiif yookaan geejjibaaf) argachuu hin danda'u hagan IRP koo hordofuu jalqabutti.

Yoon sababa gahaa malee Kutaa Deggersa Daa'imaa (Division of Child Support, DCS) wajjin waltumsuu dide, kennaankoo hirdhachuu akka danda'u nan hubadha. Sababa gahaan kan haammatu daa'imakoo yookaan anaan miidhaa sodaachisuu. Utuun deggersa TANF argadhuu, kanfaltiin deggersa daa'imaa kamiyyuu isteetiif kanfaluuf akka kaa'ame nan hubadha.

Yeroon TANF/SFA argachuu dhaabu, DCS'n deggersa daa'imaa fuudhee naa erga yoon akka dhaaban isaan gaafadhe malee. Tajaajiloota deggersaa, qoqqobbiiwwan, fi deggersa daa'imaa nan hubadha.

MALLATTOO BULCHAA DHIMMAA	GUY YAA	MALLATTOO KOO	GUY YAA
---------------------------	---------	---------------	---------